KA'I QEERRO!!

Sochii Dargaggoota Biyyoolessaa, Bilisummaa fi Dimokraasiif(SDBBD)

National Youth Movement for Freedom and Democracy (NYMFD)

Bittaa Murna Bicuu TPLF fi Miidhaa Ummata Oromoo irra gahaa jiru

Sirni abbaa irrummaa murna bicuun durfamu haala yeroo aanjaa argateen akeeka isaa guuttatee Itophiyaa eerga dhuunfatee kunoo waggoota digdama qadaadde. Waggoota digdama dabran kunneen keessatti murni bicuu kun ummata addaan qooduu, ummatoota walitti buusuu fi wal irratti diina taasisuun bittaa isaa jiraachise. Gara jabummaa dorgomaa hin qabneen ummatoota fixaa fi ficcisiisaa, kuma kudhanootaan mana hidhaatti naqee irratti roorrisaa fi hiraarsaa, kan kumoota baay'een lakkaa'aman firaa fi lammii, biyyaa fi qe'ee dhalootaa dhiisanii biyya alaatti akka baqatan taasisuu dhaan umrii bittaa isaa dheereffatuun jiraate.

Murni Wayyaanee akka Itophiyaa humnaan dhuunfateen kan inni ittiin dhaadate keessaa tokkoo ummatootni Itophiyaa guyyaatti marraa sadii akka sooratan taasisuuf haala kan aanjessuu tahuu, aanjaa uumuunis beela seenaa taasisee Itophiyaa fi ummatoota biyyattii keessa jiraatan qaanii fi salphina keessaa kan baasu tahuu kan ibsu akka ture ni yaadatama. Kan Wayyaaneen dubbatamuu fi hojjatamu dugdaa fi garaa waan taheef garuu har'a beelli Impayera Itophiyaa keessatti seenaa tahuun hafee babal'atee bakkootni kanaan dura beelaan hin beekamne iyyuu galmee beelaa keessatti akka galmaawan taasise. Har'a ummatoota Itophiyaa keessaa guyyaatti marroo tokkoo ol nyaachuu kan hin dandeenye harka guddeessa tahanii jiru. Nyaata marroo tokkoon oolanii buluun hiree lammiiwwan biyyaa wayyabaa eerga tahee oolee bulee jira. Lubbuun lammiiwwan beela'oo gaaga'ama ol aanaa irraa kan baraaraa jiru deggersa alaa argamu dha. Deggarsi kunis yeroo baayyee kanneen Ihadig (EPRDF) deggaruu diddan jedhamee dhorkatamee beelaan dhumu xiqqaa miti.

Haala Itophiyaa keessatti hireen ummata Oromoo irra hammaatee fi yaaddeessaa tahee argama. Lammiin Oromoo lafa abaabileen irra jiraataa ture irraa buqqaafamee lafti isaa gatii rakasaan dureeyyota alagaaf badhaafamuu irraa harki hojjatee nyaatu hidhamee kadhaan jiraatuuf saaxilame kumoota kudhanootaan lakkaa'ama. Lafa isaa alagaaf akka gadhiisu taasifamuu irraa kan maatiin faca'e, ala-bulaa tahe, jireenya guyyuuf humna isaa gatii rakasaan gurguree jiraatuuf dirqame, walii gala kan du'aa fi jireenya gidduutti dhama'aa jiru kumoota heedduutti herregama.Oromoo tahanii dhalatuun iyyuu yakka waan taheef wallaalaan Oromoo hojii humnaa argatuun, beekaa fi barataan Oromoo dalagaa beekumsaa isaatiin wal gitu argatuun hanga gaaraa dhiibuu ulfaataa taheera.

Email contact: - qeerroo2011@gmail.com **Facebook**:- Qeerroo Bilisummaa

Itophiyaa Wayyaanee keessatti dinagdeen biyyattii harka caalaa dhaabbata daldalaa Wayyaaneen kan dhuunfatame dha. Dinagdeen biyyaa guutummaatti ajaja Wayyaanee fi jaloota isaanii harka seenuun naggaadeen daldalatee akka hin jiraanne taasise. Wayyaanee fi amanamoo sirnichaan alatti kanneen qaawwaa dhiifamteen carraa daldalanii jiraatuu argatan daldala xixiqqaa Wayyaanotni irratti hojjatuuf mirqaana hin qabne irratti kanneen bobba'ani dha. Kana iyyuu hojjatanii jiraatuuf miseensota tikaa sirnichaa, poolisii, bulchiinsaa fi kkf gunaa nyaachisuun akka dirqamaatti raawwatuuf kan irraa eegamu dha. Hojii daldalaa xixiqqaa irratti kanneen bobba'an kanneen iyyuu hojiin isaanii kan iggitii hin qabne, tattaaffii ofiin jireenya isaanii wayyeessuun caalaatti balaaf isaan saaxila. Hundaan olitti ammoo kan dhalattoota Oromoo gaaga'aa dha. Hinaaffaa fi jibbiinsa Oromoof qaban irraa qabeenya horate saamanii deegsuuf yakka mormitoota deggerta, qabeenyi kun kan ABO ti! jedhuun saamanii deegsu. Mootummaa keenya hin deggertu jedhanii jiruu irraa dhaabanii hidhaatti dabru. Yakka gibira hin baasne jedhuun qabeenya isaa walii isaanii gidduutti qircatu. Xaxaa fi hammeenya irratti hojjatamu kana hunda keessa hulluuqee duroomuun hafnaan of gahee kan jiraatu illee muraasa. Hiyyummaa fi beela Oromoo keessatti karooraan babal'ifamaa fi jabeeffamaa jirutti dabalee ajjeechaa fi hidhaan geggeeffamaa jiru, lammiin Oromoo bahee galuuf iyyuu kan iggitii hin qabne dhiphataa fi wareeraa akka jiraatu kan taasise dha.

Bifa hundaanuu haalli Itophiyaa keessaa daran hammaataa kan deemu malee sirna kana jalatti wayyaa'uu kan hin dandeenye tahuun falmisiisaa miti. Wayyaaneen akkuma aangoo irra buluun hiyyummaa fi beelli babal'ataa, jireenyi qaal'aa kan deemu tahuu haalli ummatootni keessa jiran bareechee hubachiisa. Har'a shaqaxa fardii guyyuu barbaachisan bitatanii itti fayyadamuu sadarkaa hin danda'amne dhaqqabee jira. Sukkaara, Zayitaa, fi midhaaan bitatuuf hiriirri dhaabbatamu sa'aatiin osoo hin taane guyyaan lakka'ama. Shaqaxnii fi nyaatni gara garaa jireenyaaf barbaachisu dandeettii bittaa ummataa ol tahuu irraa bitachuun dadhabamee yeroon dhimma itti bahaa turan akka seenaatti himamaa jira.

Ummatoota Itophiyaa addatti ammoo ummata Oromoof jireenyi, iyyeessaaf maal dabala jennaan "Qeensaa fi Cittoo" akka jedhamu itti tahee jira. Ummatni Oromoo qonnaan jirratu gatiin xaa'oo yeroo gara yerootti dabalaa dhufuun, lafti borqaa'ee midhaan baasuu diduu irraa galiin isaa xiqqaatuu irraa waggaa gara waggaatti kan itti dhufu bal'ina osoo hin taane dhiphinaa fi hiyyummaa dha. Haphatuu galii irraa jireenya hammaataan dhama'aa akka jiru osoo mul'atuu mootummaan saaminsaa fi cunqursaaf uumame kun yeroo garii misoomaaf, hidhaa abbayyaaf, daandii konkolaataaf, mana barnootaa ijaaruuf..., walii gala mala saaminsaa dhuma hin qabneen kan qabu irraa saamee hagabsuu irraatti argama.

Kanneen magaalaa keessa jiraatanis kana irraa addatti hin ilaalaman. Kiraa manaa, geejjiba, gatii nyaataa guyyuu dabaluun jireenya gadadoo fi yaaddoo keessa jiraatan. Jiraattota magaalaas akkuma ummata baadiyyaa keessa jiraatuu galiin isaa harkaa afaan hin dabarree fi mindaa kiraa manaa fi nyaataa irra hin hafnee buusii akaakuu gara garaan itti dhufuun irraa qooddatanii deegsan. Kana irraa quufanii nyaatuun hafe guyyaatti al tokko iyyuu of nyaachisuun jabinatti fudhatamaa jira.

Itophiyaa har'aa keessatti kan mirgi kabajameefii, yaaddoo, shakkii fi bir'aa malee jiraachuu danda'u murna aangoo dhuunfatee jiruu fi deggertoota sirna kanaa qofa. Kan jireenyi guutee fi qananiin jiraatu,

saaminsa ija baaseen duroomaa jiru, biyyaa fi lafa ummataa alagaatti dabarsee gurguratuu dhaan kiisha isaa gabbifataa jiru, murna Wayyaanee dhimmi ummatootaa dhimma isaa hin taane, rakkoo fi dhiphuu ummatootaa irraa buufatuu aadaa taasifate, deegaa fi beela ummatootaan nagaduu bare dha.

Hanga murni kun aangoo irraa hin buunetti jireenyii ummatootaa kan gaddaa fi gadadoo tahuun itti fufa malee hin dhaabbatu. Mirgi dimokraasii fi kabajaan namoomaa dhiphifamee ummatootni hiyyummaa qaanfachiisaa irra caalaatti cehan malee keessaa hin bahan. Beelli seenaa tahuun hafee babal'atee guutummaa biyyattii waliin gahuu irraa kan dhaabu hin jiru. Kan ummata Oromoos kanuma keessatti ilaalama. Wayyaanee jalatti mirgi seeraanis tahe uumaan qabu hin kabajamuuf. Ajjeechaa fi hidhaan daran irratti jabeeffama. Jireenya isaa yaaduu irra dabree dhimma siyaasaa keessa akka hin seenne taasisuuf beekaa belessuu fi deegsuun itti fufa. Maqaa shororkeessummaa, malaammaltummaa, mormitootaa fi yakkoota biroon lammii Oromoo hidhaatti guruun ni babal'ifama.

Waan taheef ummatni Oromoo magaalas tahe baadiyyaa, baratas tahe wallaala, kan mootummaa waliin jirus tahe hin jirre dhugaa kana beekuun mala keessaa bahan irratti hojjachuun dirqama lammummaa mata mataa Oromoo irra jiruu ti. Rakkoo keessaa kan of baasu nuhi malee alagaa miti. Gabrummaa jalatti xiqqaataa fi salphataa waggaa dhibba jiraatuu irra guyyaa tokko bilisummaan jiraatuu filannee haa kaanu. Gabrummaa jalatti xiqqeenya, beela, hiyyummaa fi boodatti hafummaa malee guddinni, badhaadhinnii fi kabajaan hin argamu. Xiqqeenya gabrummaa jalaa ammaoo kan of irraa hambisu abbaa dha.

Fincilli itti Fufaa!

Mootummaa Gabroomfataan ni Kufaa!

Qeerroo,

Waxabajjjii 14, 2011

Email contact: - qeerroo2011@gmail.com **Facebook**:- Qeerroo Bilisummaa